# Guyyaa kiyya kan jalqabaa islaamummaa keessatti

Hundee sadeen kan muslima haaraa irratti isii beekuun dirqama ta'u bal'isanii ifoomsuu

# Guyyaa kiyya kan jalqabaa islaamummaa keessatti

**Hundee sadeen kan muslima haaraa irratti isii beekuun dirqama ta'u bal'isanii ifoomsuu**

مركز أصول
OsoulCenter
www.osoulcenter.com

ح جمعية الدعوة والإرشاد وتوعية الجاليات بالربوة ، ١٤٤٥ هـ

أصول ، مركز

يومي الأول في الإسلام: شرح مبسط للأصول الثلاثة التي يجب على المسلم الجديد معرفتها باللغة الأورومية. / مركز أصول - ط ١..- الرياض ، ١٤٤٥ هـ

٤٨ ص ؛ ١٤.٨ x ٢١ سم

رقم الإيداع: ١٤٤٥/٢١٠٢٥

ردمك: ٩٧٨-٦٠٣-٨٤٣٨-٣١-٢

مركز أصول
Osoul Center
www.osoulcenter.com

- Wiirtuchi maxxansa kana kan qopeessee fi bocedha
- Madda isaatti akeekuu fi barreeffamicha irratti jijjiirraa gochuu irraa of eeguu woliin Karaa kamiinuu maxxansa kana maxxansuu fi raabsuuf wiirtuchi carraa kenna.
- Yeroo maxxanfamutti ulaagaaa qulqullinaa isii wiirtuun usuulaa irratti hundaa'u eeggachuun dirqama.

بسم الله الرحمن الرحيم

**Maqaa Rabbii Rahmata godhaa akkaan mararfataa ta’eetiinan eegala**



Hundeen tokkoffaa
Rabbiin kee Eenyu 13

Gaaffii qabrii tan lammaffaa
Diiniin kee maali 21

Hundeen ykn bu'uurri sadaffaa
Nabiyyiin kee Eenyu 37



# Seensa

# Islaamni
## amantaa haqaati

Amantaan Islaamaa amantaa dhugaa kan Rabbiin guddaan nama cufaaf jaalate, isa malee Rabbi biratti kan biraa fudhatama kan hin qabne, Rabbiin guddaan akkana jedha; {Amantiin Rabbi biratti beekkamtii qabdu Islaama qofa} [Aali imraan: 19] Rabbin oltahe akkana jedha: {Namni Islaamaan alatti amantii barbaade isarraa hin qeebalamu. Aakhiraattis inni warra hoonga'an irraayi} {Aali imraan:85}

Namni amantii Islaamaa fudhatee irratti ciche, karaa ifaa fii qajeelaa, karaan sun gara rabbii guddaa duniyaa tanarratti nama uumee argamsiisee san kan geessu.

Amantaan Islaamaa haala ilma namaa duniya irratti tolchuu, milkeessu fii tasgabbeessuu, akkuma san erga du'eellee milkeessuu fii nagaha baasuu, sunis wayta Rabbiin guddaan jannata isa naqee qananii dhuma hin qabne qanani'u sani.

Diinii haqaa kan ta'e diinal Islaam barbaaduun, baruun, itti amanee seenuun, qajeelfamaa fi murtii isaatti buluun dirqama nama cufaati, akka toltuu duniyaa fii guyyaa booddee argatuuf jecha.

# Akkamitti Namni Islaamummaa seenaa?

Namni tokko islaamummaattin seena yoo jedhe: (Rabbii tokkicha malee haqaan gabbaramaan biraa hin jiruu, Muhammad ammoo ergamaa isaati) jechi kun beekumsa irratti hundaa’ee fii dhugaan tan onnerra madditee, namni jecha kana jedhe haala beekumsa irratti hundaa’een, dhugaa onnerra madditeen, jala masakamee dhugamatti islaamummatti seene.dhimma islaamaa tan hafte ammoo barachuun dirqama isaati. hamma dandeettii isaatti itti dalaguu qaba.hammuma dalagaan isaa ida’aa deemtuun iimaanni isaas ida’aa deema, mindaan isaatis Rabbi biratti guddaa ta’a.



## Hiikkaan shahaadateeynii (Rabbii tokkicha malee haqaan gabbaramaan biraa hin jiru, Muhaammad ergamaa Isaati jedhee ragaa bahuudha)

Jecha kee kanaan dhugaan Islaamummaa seente (Rabbi tokkicha malee dhugaan gabbaramaan hin jiru, Muhammad ergamaa isaati) haala dhugaan itti amanteen, hiikkaa isii tan dhugaa beytaa laata?

- Hiikkaan Rabbii tokkicha malee kan biraa hin jiru jechuu: Rabbiin dhugaan gabbarama haqa godhatu hin jiru isa tokkicha ol-ta'e qulqullahaa, aalama kana uumee, waan isaa hunda harkaa qabu jedhanii yaaduu fii mirkaneessuu dha.



- Hiikkaan muhammad ergamaa tahuu ragaa bahuu: Muhaammad Abdullaah ergamaa boodaa tahuu, nama cufatti ergamuu, bu'uruma kanaan ajaja isaatti dalaguu, waan inni dubbate dhugoomsuu, waan inni irraa dhoorke dhoorkamuu fii irraa fagaachuu, waan inni karaa godhe malee Rabbiin gabbaruu dhabuu.

## Ee waa Gammachuu kee Islaamummaan:

Obboleessa kiyya kabajamaa; guutumaa guutuutti guyyaan caalaan kee guyyaa islaamummaa sente, Nabiyyiin keenna (nagahaa f rahmanni rabbii irra haa jiraatu) akkana jechuun isaanii mirkanaa'e: "Islaamummman waan Islaamummaa dura dabre namarraa hayxi" Muslimitu odeesse, kana jechuun: Islaamummaan dilii dura dalayde sirraa hayixi; kan akka kufrii, dogongoraa fi cubbuu, dhiifama Rabbii guddaatti gammadi, ati har'a dilii irraa qulqulloofte, fuula adiitu jiruu tee keessatti siif banama, akka nama garaa haadhaatii amma baheetti qulqulluutti deebita, jiruu kheyiriin guutamte haarawa eegalta, karaa ifaa tahe milkii fii gammachuun guutame keessa deemta.

## Qananii Islaamummaatti gammaduu:

Gammachuun guddoon yeroo Islamummaa seente sitti dhagahamte jiruu kee guutuu si wajji jiraachuu qabdi, ni'imaan (qananiin) qajeelumaa ni'imaa hunda oliiti, ni'imaa gurguddoo Rabbiin gabroota ofiitiin qananiisu keessaa ol-aantuu dha, ni'imaan isii ni'imaa ykn qananii qilleensaa, Bishaanii fii nyaataaf dhugaatii caalti, duniyaa, aangoo fii sadarkaa caalti, isiin qananii guddoo hundaa oliiti, duuba akkamiin itti hin gammanne?! Rbbiin akkana jedha: "Jedhii yaa ergamaa kiyya muhammad Tola Rabbiitiifi rahmata Isaatiin dhufte Waan isaan walitti qaban irra isatu caalaa, isa sanitti haa gammadanu jedhi." {yuunus:58} tolummaan Rabbii sitti dhagahamuu qaba, nama miliyoonotaan lakka'amu keessaa si filee Islaamummaa siif keenne waan ta'eef, Rabbiin oltahe akkana jedha: {Rabbiin nama isa qajeelchuu barbaade qoma isaa islaamummaaf bal'isa} {al-an'aam:125} Qananiin guddoon ulfaattuun tuni Rabbiif galata hedduu galchuu barbaaddi, Rabbiin ol ta'e waan diinii sirriitti si qajeelcheef hedduu faarsuun galateeffachuun sirra haa jiraatu.

## Hundee beekuun isii dirqamaa:

Eega amantaa Islaamaa kessa seentee waan baruufi beekuun dirqama sirratti tahutu jira, san keessaa deebii gaaffii sadiin akkaan barbaachiftuu kan muslimni hundinuu du’a booda irraa gaafatamu, tan jireenya dhuma hin qabne san murteessitu, takkaa gara Jannataa (qananii) takkaa gara azaabaa (ibiddaa), sunis:

**Rabbiin kee Eenyu ؟**

**Amantaan kee maali ؟**

**Nabiyyiin kee eenyu ؟**



Hundeen tokkoffaa

# Rabbiin kee Eenyu

## Gooftaan kiyya Allaah

Muslimni Rabbiin isaa Allaahaa Isa Yunivarsii fii waan isa keessaa uumee, kan namas uume jedhee amana.

Nuti yoo Aalama guddaa kanaa fi waan isa keessa jiru bakkalchaaf urjiiwwan biliyoonotaa kan yaanne, yoo dachii irra jiraannu tan keessa waan jiru akka dhooqaaf gaaraa, goyiduu, lagaaf bahraa xiinxallee, waan uumota ajaa'ibaa hundee bahrii, saharaafi bosona keesa jiru, yoo uumaa Rabbii ta ajaa'ibaa namaafi uumamoota itti uume xiinxalle, galma(dhugaa) irraa dheessuun hin danda'amne takkatti nu geessiti. sunis uumaan (argamsiisaan) guddaan, beekaan, danda'aan, maloon tokko jiraachuun dirqama akka ta'e dha. aalama kana dinqiitti kan uume, gooftaan uume jiraatu malee uumamtoonni kunniin argamuu hin danda'an, inni kan dhimma isanii gurmeesse, akka sammuun dinqisiifattutti uumaa isaanii kan tolche, dhimma kana Rabbiin olaanaan akka namni sammuu qabu cufti hubatutti ibsee jira jecha kanaan: {Sila isaan odoo wanti isaan uume hin jirre uumaman moo isaanumatu uumoo dha}? (Al-xuur:35) uumamtoonni kun ofiifis of hin uumne, uumaa tokko males hin argamnes, kun nama sammuun yaadu biratti waan hin yaadamne!

## Gabbaramuuf kan dhugaan haqa godhatu Allaahaa qofa.

Rabbin kun gooftaa isa kophaa gabbaramuuf haqa godhatu, maaf jennaan; waan aalama kana cufa harkaa qabuuf, hunda waan nyaachisuuf, nama hunda isatu uumee dachii tanarratti argamiisee sababa jireenyaa kenneef, akkana jedha Rabbiin: Kan akkana hojjate kun Rabbii keessani Isa malee dhugaan gabbaramaan hin jiru (Inni) uumaa waan hundaatii, Isa (qofa) gabbaraa Inni waan hunda tiksaadha. (Al-An'aam 102) nama hundarratti Allaahaa qofa gabbaruun dirqama, gabbara isaatti miiltoo takko kan goone. Rabbiin akkana jedha: yaa ilmaan namaa ilmaan Aadam hunda itti fedhee Rabbii keessan gabbaraa isa warra isin duraa uumee akka isuma qofa sodaatanii isuma qofa gabaraniif {Al-baqarah: 21} Akkana jedha Rabbiin qulqullaahe: {Rabbiin gabbaraa waa tokkollee miiltoo itti hin makinaa}. {An-Nisaa'a:36}



## Waamichi Anbiyootaa gara Rabbii oltahe qulqulleessuutti:

Dhimmichii kun ifa galaa tahuu waliin garuu Rabbiin oltahe caalummaa, arjummaa fi mararfatummaa isaatiin akka jiruu irratti dhamaanu uumee nun dhiifne, macaafota ittiin nu barsiisan ittiin nu akeekan wajjiin ergamtoota nuuf erge, akkana jedhe Rabbiin oltahaan: {Nuti gammachiisaafi akeekkachiisaa taasifnee dhugaadhaan si erginee jirra. Ummanni tokkollee kan akeekkachiisaan isaan keessatti hin ergamin hin jiru} {faaxir::24} Abbaa ilma namaa Aadam nageenyi irratti haa jiratuu cufti anbiyootaa akka Nuuh, ibraahim, Muusaa, Iisaa fii kan birootis haga nabiyyii keenna (Muhammad nagahaaf rahmanni rabbii irratti haa jiraatu) galma guddaa tokko irratti walii galu. sunis namni akka rabbii oltahetti amanu waamuu,qulqulleessuu fii isa qofa gabbaruu, isaan ala gabbaramtoota hunda dhiisuu; kan akka namaa, dhagaa, mukaa, urjootaa, bakkalchootaa fii kan birootis. akkana jedha rabbiin oltahe: {Dhugumatti ergamaa ummata hunda keessatti erginee jirra "Rabbi qofa gabbaraa waan isaa alatti gabbaramu hunda irraa fagaadhaa} {Al-nahli 36} Rabbiin oltahe akkana jedha: {Yaa Muhammad! Si dura ergamaa irraa tokkoyyuu "Ana malee dhugaan gabbaramaan hin jiru; kanaafuu Ana (qofa) gabbaraa" jechuun wahyii gara isaatti buufnu malee hin ergine} {Al-Anbiyaa: 25}



# Maqaalee Rabbiitii fii maq-ibsaa isaa irraa:

Rabbii oltaheef maqaalee babbareedaa fi maq-ibsitoota oltaatetu jira. yeeroo isiin wal barre beekumsi Rabbii oltahe qulqullaahaa saniif qabnu ni dabala, akkasuma jaalalli isaaf qabnus, sodaan isaallee, kajeellaan arjummaa isaallee ni dabala. Rabbiin oltahe akkas jedha: {Rabbii tokkicha Allaah malee kan biraa hin jiru, inni maqoota babbareeda qaba.} {xaahaa:8}

Maqootiin isaa tan maq-ibsituutti akeektu hedduu dha, maqoota Rabbii oltahe keessaa:

- (Rahmata qabeessa akkaan namaaf mararfataa): Rabbiin oltahe akkana jedha: {Gooftaan keessan tokkicha, Isa malee kan biraa hin jiru, Rahmata qabeessa akkan mararfataa} (Al-baqarah:163) Inni Abbaa Rahmata bal'oo guddoo waa hunda geette, uumamtoota cufa hammatte, Rahmanni Isaa duniyaa irratti uumamtota isaa cufa geette, beelladootaa fi nama amanes kan hin amaninis. Rabbiin ol'aanaan jedhe: {Rahmanni kiyya waan cufaayyuu ykn hundaayyuu geettee jirti} (Al-a'araaf:156) Inni hunda isaanii kan razzaqu, fayyaa, nyaata, ilmaanii fi kan biraas kennaaf. Aakhiraa (guyyaa booddee) ammoo Rahmanni Isaa gabroota nabiyyotaa fii ergamtoota isatti amanan qofaafi. Isaaniif Rahmata guutuu milkii dhuma hin qabnetti geessitutu jira.

- Maqoota Rabbii irraa; (kan uumu) ,Rabbiin oltahaan akkana jedha: {Rabbiin uumaa (argamsiisaa) waan hundaati}, (Az-zumar :62) Inni samiiwwaniif dachii waan jara lamaan jidduu jirullee Isa uumee, waan ijji hin argine irraa haga waan ijji laaltee hin fixneetti kan uume, waan sanii oliillee, uumaan isaallee ogummaan, dandeettii fii bareedumaan kan guutame, uumaa isaa keessatti hir'inaa fii jallina takka hin gartu.

- Maqaa Rabbii keessaa (Araaramaa): Isa nama dhugaan isatti deebi'ef diliiwwan hunda hanga fedhe guddatus kan dhiisu, tolummaa isaa irraa nama hedduuf kan araaramu, waan miiltoo (shariika) isatti godhan malee, san ima hin dhiifne yoo gara isaatti toobaa deebi'an malee, Rabbiin balbala banee jira nama hundaaf akka araarama argatan sunis gara isaa deebi'uun, araarama gafachuun, amanuun, dalagaa gaarii dalaguun, uumamtoota isaatti tola ooluun, Rabbiin olta'aan akkana jedhe: {ani dhiifaman godhaaf nama towbaatee, amanee, dalagaa gaarii dalagee eegasii qajeele} (xaahaa:82)

- Maqoota Rabbii irraa (Razzaaq): Rabbiin qulqullaahe inni mootii amriin hundi harka isaa jiru, inni dureessi, tolummaa isaatiin inni hedduu arjaadha, uumamaan kamuu rizqiin isaa Rabbi bira jirti, akkana jedhe Rabbiin olta'e: {Haa na gabbaraniif malee hin uumne Jinnii fi ilma namaatis} Rizqii homaatuu isaan irraa hin barabaadu akka na nyaachisanis hin fedhu; Rabbiin isatu akkaan razzaqa ykn kennaa, Rabbiin inni akkaan kennaadha abbaa humna cimaati} (Al-zariyaat:56-58)

- Maqoota Rabbii keessa (Nagaha): eyibii fi hir'inna kamuu irraa qulqullaahe, kan sifoota guutuu, oltahoo fii bareedduu qabu, kan jechaa fii dalagaanis gabroonni isaa akka nagaha labsan jaallatu, akkana jedhe Rabbiin: {Inni Rabbii Isa malee mootiin biraa hin jirre sani, inni mootii qulqulluu kan nagahaa}. (Al-hashri:23}



- Maqoota Rabbii irraa (Beekaa):Rabbiin oltahe dhagahaadha, argaadha, beekaadha, inni waan ifa bahee fii dhokates beeka, waan qoma keessatti dhokates beeka, inni waan tares, waan amma jirus , waan booda dhufus ni beeka, inni tiiksaa dha waan gabroonni dalagan, tolli warra amanee fii badiin warra didees isa jalaa hi dhokattu, fedhiin dadhabootaa fii sagaleen warra isa kadhatuullee isa jalaa hin dhokattu. Rabbiin akkas jedhe: (Rabbiin waan hundaayyuu beekaa dha) (Al-baqarah:231)

Waa qulqullaahe Rabbiin aalamaa, inni isa uumaa waa hundaa tolche, waan bareedaa fii guutuu duniyaa tanarraa, kun mallatoo guutuma isaaati waa qulqullaahe.





Gaaffii qabrii tan lammaffaa

# Diiiniin kee maali

## Deebiin tahuu qabu ; Diiniin (amantaan) kiyya Islaama:

Islaamummaa jechuun Rabbiin tokkoomsuun harka kennuudha, Ee jechuun isaaf masakamuudha, miiltessuu (shirkii) irraa qulqullaahuu.

- Muslimni isa amantaa Islaamaatti seenee dhimma isaa Rabbii oltahetti kenne, jiraachuu fi tokko tahuu isaatti amanee, ajaja isaa jala deemee, waan inni dhoorke irraa fagaate, qur'aana kabajamaa keessatti Rabbiin oltahe akkas jedha: {nama Rabbiif fuula isaa keennee tola oolummaan diinii nabi ibraahiim qulqulluu san hordofe caala namni diiniin isaa tole ni jiraa? hin jiru}. [An - nisaa' :125] Ammas ni jedha: {Nama gara Rabbiitti waamee fi hojii gaggaarii hojjatee "ani Muslimoota irraayi" jedhe caalaa namni jecha bareedu eenyu?}. (Fussilat:33)



## Gaarummaa amantaa Islaamaa irraa:

- Islaamni amantaa haqaati; firaa fii nyaapha, diinaa fii waa'ila, mu'uminaaf kaafira irrattis walqixxeessuu ajajaa, Rabbiin ol'aanaan akkas jedha: {Rabbiin haqatti (walqixxummaatti) ajaja} (An-nahl:90) Rabbiin kabajame guddate haqaan murteessaa dha, namni tokkolleen isa biratti hin miidhamu, guyyaa booddee san irraa akkana jedha Rabbiin oltahe: {Har'a (Guyyaa Qiyaamaa) lubbuun hundi waan hojjatte mindeeffamti. Har'a miidhaan hin jiru} (Gaafir:17)

- Islaamni amantaa Rahmataati: Rabbiin oltahe akkana jedhaa: {waa sin ergine yaa Muhammad Rahmata Aalamatiif malee} [Al-anbiyaa':107]. Nabiyyiin Muhammad nagahaaf Rahmanni Rabbii irratti haa jiraatu akkana jedhan: "mararfattootaaf akkaan mararfataan Rahmata godha, yaa warra dachii irraa waliif mararfadhaa inni samii keessaa akka rahmata isniif godhu" Abuu daawuud odeesse.



- Islaamummaan amantii jaalalaa, hawasummaa fi tokkummaati, Nabi Muhammad nagahaaf rahamanni rabbii isaanirratti haa bu'u akkas jedhan: "Tokkon keessan hin amanne hanga waan ofii jaallattan obbolessa keessaniin jaalattanitti" bukhaariitu odeesse.

- Islaamummaan amantii namatti laaffattu: bu'uurri Islaamummaa namarratti waa laaffisuu fi waan ulfaatu kaasuu akka ta'e namni bu'ura kana quba qabu hundi ni beeka, akkas jedha Rabbiin oltahe: {Rabbiin isinirratti laaffisuu fedha, isinitti jabeessuu hin fedhu} (albaqarah: 185) Ammas hin jedha: {Rabbiin cinqii takka isinirratti fe'uu hin barbaadu} (Al-maa'idah : 43), Ammas hin jedha: {Rabbiin waan lubbuun takka dandeessu malee hin dirqu} (Al-baqarah:286)

- Islaamumman amantii beekumsaati: Aayaan qur'aanarraa jalqaba buutee; isiin: {Maqaa Gooftaa keetii Isa waan hunda uumeetiin dubbisi} (Al-Alaq:1) islaamummaan muslimaaf muslimtittii hunda barachuu fi beekumsa akka dabalatan kakaasa, akkas jedha Rabbiin oltahaan: {yaa muhammad Rabbii kiyya beekumsa naaf dabali jedhi} (xaahaa:114) kan Islaamummaa kana barate sadarkaa ol'aanaa qaba, Rabbiin qulqullahe akkana jedha: {Rabbiin isinirraa warra amanee fii beekumsa kenname sadarkaa isaa ol-fuudha} (Al-mujaadalah:11)

## Addunyaa maraaf tayuu Amantaa Islaamaa:

- islaamummaan amantii waaltawaa dha (aalamaati), kan dachii irraa bakka takkaatii miti, kan gosa takkaatii miti, amantaa araba qofaatii miti, diinii ilma namaa cufaati, Qur'aana kabajamaa keessatti Rabbiin ol'aanaan nabii Muhaammadiin (nagahaaf rahmanni irra haa jiraatu) akkas jedheen: {Jedhi: "Yaa namootaa! ani ergamaa Rabbiiti gara keessan hundatti, inni isa mootummaan samiifi dachii isaaf ta'e, isa malee gooftaan biraa hin jiru, inni ni jiraachisa ni ajjeesas, Rabbii fi ergamaa Isaatti amanaa, akka qajeeltan isa hordofaa} (Al-a'araaf : 158)

- Akkasuma diiniin kun kan zabana dabree qofaa miti, Inni diinii dhugaa kan yeeroo ergamaa nabiitii (Sallallaahu Aleeyhi wasallamii) kaasee hamma guyyaa irra booddeetti (qiyaamaatti) jiraatu dha. Rabbiin akkana jedha: {Namni Islaamaan alatti amantii barbaade isarraa hin qeebalamu, Aakhiraattis inni warra hoonga'an irraayi} (Ala- imraan: 85)

## Waa hunda hammataa tayuu amantaa Islaamaa:

- Islaamumman muslima tokkoof, hawaasa muslimaatiif fi ummata muslimaatiif tooftaa ykn mala jireenyaati, sunis dirree fi moggaa hunda keessatti; kan akka siyaasaa, diinagdee, hawaasummaa fi kan kana fakkaatan.

- Islaamumman aqiidaafi (hojii qalbii) seera ittin bulmaataati (qabatamaan): inni aqiidaa sirrii, ibaadaa gurguddoo, waliigaltee abshaalummaa, amala sirri fi bareedduu of keessatti hammata.

- Qajeelfamnii fi murtiin islaamaa qunnamtii namaa fi Rabbii isaa, qunnamtii ofii isaatis, qunnamtii nama biraa wajji qabus, inumaahu qunnamtii inni beeyladoota fi lubbu-dhabeessota wajji qabu sirreessiti.

- Qajeelfamoonni Islaamaa waan Ruuhii fi Qaama tolchu ykn sirreessu huda of keessaa qaba.

**Walii galatti: Islaamummaan kan dhufteen toltuu ilma namaa, gaarummaa isaa fi milkii duniyaafi guyyaa booddee fiddee dhufte.**

# Bu'uurri aqiidaa Islaamaa

## Utubaa Iimaanaati

Bu'urri aqiidaa Islaama waa jaha (6) tti amanuu fi murannoon dhugoomsuurratti hundoofti, maqaa (utubaa iimaanaa) jedhamuun beekamti. isiinis:

**1- Rabbii oltahetti amanuu dha:** kana jechuun; jiraachuu Rabbiitti, amanuu dha, ammas qophaa isaa uumee kan toohatu , kan aalama fi waan keessa jiru hunda harkaa qabu, kan miiltoo male dhugaan gabbaramuutti haqa godhatu isuma qofa, inni kan maq-ibsituu bareeddu fi olfuudhamtuu, kan qabu, inni guutuudha hir'inaafi fi eybii hundarraa qulqulluu dha, inni fakkii tasuma hin qabu jedhanii amanuu dha.



**2- Malaa’ikaatti amanuu:** isaan uumamtoota Rabbiin oltahe uume irrahi, akka isa gabbaraniif, ajajamaniif, dirqama irra kaa’ame akka bahaniif uume, walii galatti jiraachuu isaaniitti amanna, bal’innaan ammoo maqaa, sifaa fi dalagaa isaanii akkuma wahyiin nutti himametti itti amanna; kan akka Jibriil isa Rabbiin wahyiin Ambiyootaafi ergamtootatti erge san, Miikaa’eel; isa Roobaa fi Biqiltutti ajajame, Israafiil; isa Xurumbaa dhuma duuniyaa himuuf afuufuutti kan ajajame, Mootii du’aa; isa lubbuu namaa fuudhuutti ajajame, mootii ibiddaa, jara kana akkuma wahyiin nuuf himametti itti amauu dha.

**3- kitaabotatti amanuu:** isaan kitaabota Rabbiin ergamtoota Isaatirratti buuse sani; namaaf mararfannaaf, isaan qajeelchuuf, akka milkii duuniyaafi aakhiraatti gahaniif, akka walii galaatti itti amanna, akka wahyiin maqaa isaanii nuuf himetti ammoo bal’innaan itti amanna, kan akka Qur’aana Muhammadirratti (Sallallaahu Aleeyhi wasallam) buufamee, akka Injiil kan Iisarratti (Aleeyhi Ssalaam) buufame, akka Towraat kan Muusaarratti (Aleeyhi Ssalaam) buufame, akka Zabuur isa Dawuudiif (Aleeyhi Ssalaam) kenname, Gaazexoota (Barruulee) Rabbiin Ibraahiimirratti (Aleeyhi Ssalaam) buuse.

**4- Ergamtootatti amanuu:** isaan ilma namaati Rabbiin oltahe wahyii qajeeluma isaanitti godhe, akka diinii isaa geessan ummatatti erge, kan hunda duraa Nuuh (Alayhi Ssalaam), kan hunda boodaa Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam), isaan hundi amalaafi diiniidhaan guutuu dha, inni galmi guddaan Rabbiin isaan ergeef nama waamuu dhaafi akka Rabbii qulqullahee oltahe ibaadaa dhaan akka tokkoomsan, miiltoo Rabbitti godhuufii waan isaan alaa gabbaruu dhiisuu, shira dhiisanii akka toltuu dalagan gochuu dha.

Rabbiin nama irrahi ergamtoota ergetti amanna, ilmi namaatis waan odeessan akka isaan dhugoomsan, tole jedhen, ajajas akka hordofan gabroota isaa irratti dirqama godhe, isaan keessaa rabbiin maqaa isaanii fii seenaa isaan ummata isaanii wajji qaban akka nuuf hime ni beekna. fakkeenyaaf Idriis, Nuuh, Ibraahiim, Muusaa, Iisaa, Huud Saalih, Shu’eeybi, ammas isaan keessa warra Rabbiin maqaa isaanii nuuf hin himintu jira; rabbiin oltahe akkana jedha: {Dhugumatti, si dura ergamtoota erginee jirra. Isaan irraa warra seenaa isaanii siif himnetu jira. Isaan irraas warra seenaa isaanii siif hin himintu jiru. Ergamaan tokko hayyama Rabbiitiin ala keeyyata tokko fiduu hin danda’u. Yeroo ajajni Rabbii dhufe, (dhimmichi) dhugaan murteeffama Kijibdoonni achitti ni hoonga’u}. (Gaafir:78)



**5- Guyyaa xumuraatti amanuu:** inni guyyaa qiyaamaa kan Rabbiin waan namni duniyaa irratti dalage san herregaafi mindeessuuf kaasu sani, namni guyyaa san garee lamatti qoodama, Mu'umintoonni Jannata keessa qubsuma dhuma hin qabne qubatu, worri hin amaninis abidda keessa qubsuma dhuma hin qabne qubatu, mu'umina tahee kan yakka raawwatu takkii rabbiin oltahe dhiifama godhaaf, yokaan haga badii isaa adabeet booda jannata seensisa.

**6- Murtii Rabbii toltuu fii hamtuttis amanuu:** Mu'uminni Rabbiin waan taheefi tahuuf deemullee ni beeka jedhee amana, Rabbiin murtii uumamtootaa hunda fedhee akka argamsiise fii murteesse, duniyaa irratti wanti tokko hinta'u beekumsa, fi fedhii isaa malee, murtiin sun yoo toltuu taate mararfannaa rabbii oltahe irrahi, saniin ala ta'us mokkortima rabbii oltaheeti, takkii adabbii isaati tan ogummaa fi haqa rabbii oltaheen dhufte, tun tan guddinnaa fi guutuma isiitiif ilmi namaa beekuu hin dandeenne, Mu'uminni murtii rabbii toltuus taatee tan badii yoo itti amane qalbiin isaa tasgabbii argatti,dhimma isaa hunda Rabbitti dhiisa, maaf jennaan dhimmi hundi akka rabbii oltahe qofa harka jiraachuu waan beekuufi, kan inni fedhe nitaha , kan inni hin fedhin hin tahu.





## Utubaalee Islaamaa:

Utubaan Islaamaa isii bu'uurri irratti dhaabbatee dha, isiin utubaa shan kan muslimni hundi raawwachuu qabu.

1- **Rabbii tokkicha malee haqaan gabbaramaan biraa hin jiru, Muhaammad ammoo ergamaa isaati jedhanii raguu:** isiin ragaa arrabaan jedhanii qalbiin mirkanaahu, gabbaramaan haqaa kan miiltoo hin qabne Rabbii tokkicha jechuu dha, Muhaammad (Sallallaahu Aleeyhi Ssalaam) ergamaa Rabbirraa geessu.


2- **Sataala Salatuu:** muslimni tokko guyyaaf halkan keessatti salaata shanan salaatuun dirqama ta'a, salaata dhaabbii, gad jechuu (jilba qabachuu) fi sujuuduu (kallachaan lafa tuquu) tan qabdu, sunis kabaja Rabbiitiif jecha, yeeroo maqaa isiitiin moggaafame qabdi, isiinis: salaata Fajrii, salaata Zuhrii, Salaata Asrii, salaata Maghribaa, salaata Ishaa'ii jedhamu, salaatonni dirqama hin ta'in biroos jiru.

3- **Zakaata kennuu:** muslimni qarshii qabu irraa waan beekamaa murtaa'aa ta'e qabeenya isaa irraa nama haqa godhatu hiyyeeyyotaafi rakkattootaa fi warra biroo kan Zakaan keennamtuutiif kennuu jechuu dha.



4- **Ramadaanaa Soomuu:** Muslimni kamuu nyaata, dhugaatii, qunnamtii saalaafi waan biroollee kan soomana hiiksisan barii fajrii irraa haga aduun seentutti ji'a Ramadaanaa keessa waan kanniin irraa of qusachuu jechuu dha; Rabbii olta'e gabbaruuf.

5- **Imala gara mana kabajaa Rabbii godhuu:** sunis muslimni gara makkaa kabajamtuu san deemuu dha; Rabbiin gabbaruu fii adeemsa seera hajjii raawwachuuf, kun nama imala hajjii danda'ee fi jiruu isaa keessatti al takka dirqama ta'a.



## Gabbartiin Islaamummaa keessatti:

**Gabbartiin;** Rabbii oltahe tokkoomsuu dha, jechootaa fi hujii mul'ataa fi dhoksaatis ta'u gara isaatti dhihaatuuni jechuu dha.

- **Gosoowwan Ibaadaa keessaa:** Qur'aana qara'uu, Rabbiin kadhachuu, Rabbii oltahe yaadachuu, barumsa bu'aa qabu barsiisuu, nama birootiif gorsa dhiheessuu fi kan kana fakkaaatan.

- **Dalagaa Ibaadaa irraa:** Qulqulinna, Salaata, Hajjii, dhimma namaa fixuu fii kan kana fakkaatu.

- **Hojii muldhattuun:** isiin dalagaa muldhattu tan argamtu ykn dhagahamtuu fi kan kana fakkaatan akka Salaataa, Hajjii, Qur'aana qara'uu, gara Rabbiitti nama waamuu, firoottan guduunfuu ykn fufuu.

- **Tan hin muldhanne:** isiin dalagaa qalbii keessaati, akka jaalala Rabbii oltahee, sodaa fii kajeellaa isaa, isaaf uf gadi qabuu, Rabbii oltahe irratti irkachuu.



## Barbaachisummaa Gabbartii Islaamummaa keessatti:

Galmi guddaan Rabbiin oltahe nama uumeef Gabbartii takkii isaaf bitamuudha. Rabbiin oltahe akkas jedhe: {jinniifi namas haa na gabbaraniif malee waan biraatiif hin uumne.} [Az-zaariyaat: 56]

Gabbartiin hikmaa guddoodhaaf karaa godhamte, sammuufi jiruu namaa keessatti bu'aa guddaa buufti, bu'aa isiin qabdu keessaa lubbuu qulqulleessiti, tolchiti, sadarkaa guutamaa ilma namaatti olfuuti.


Ilmi namaa gabbartii Rabbiitti akkaan haajamaadha, akkuma qaamni isaa nyaataaf dhugaatiitti haajamu akkasuma onneefi lubbuun isaallee gabbartiidhaan Rabbitti deebu'utti haajamti; Rabbiin yadattee gabbartu malee qalbiin tasgabbii hin argattu, Rabbiitti dhihaattee qunnamtii tolfattu malee onneefi lapheen gammachuu hin argattu, warri Rabbiin qofa gabbaran isaan gammachuu dhugaafi bal'inna laphee qaban sani, namni qananii barbaade Rabbii tokkichaaf bitamuu qaba.



## Hammatummaa Gabbartii islaamummaa keessatti:

Gabbartiin Islamumma keessatti dalagaa gaarii Rabbi jaallatu tan dalaguudhaan Rabbitti dhihaannu hunda hammatti, isiinis:

- Mallattoon gabbartii: kan akka salaataa, zakaa soomanaa, hajji, qur'aana qara'uu, kadhannaafi Rabbii oltahe yaadachuu ta'a.
- Qunnamtii hawaasummaa gaarii: akka abbaaf haadhatti qajeeluu, fira maxxansuu, warraafii ijoollee wajjin qunnamtii gaarii, bittaaf gurgurtaa gaarii, dalagaa tolchuu, ollaatti tola ooluu, rakkataa qarqaaruu, beelladootattis tola ooluu kan kan fakkaatan.
- Akkasuma amaloota gaariillee hammatti, akka dhugaa dubbachuu, amaanaa geessuu, beellama guutuu, fuula namatti ifuu, jecha gaarii, qaanfachuu, amaloota birootis.



Muslimni haaluma hundarrattuu Rabbii isaa gabbara, masjida keessatti, mana keessatti, bakka dalagaatti, bakkuma kamittuu, jiruun isaa guutuun rabbuma oltaheefi, akkas jedha rabbiin oltahe: {Jedhiin Yaa Muhammad: salaanni kiyya, qalmi kiyya du'aaf jiruun kiyya Rabbuma aalamaatiifi} (AL-an'aam:162)


1
39



Hundeen ykn bu'urri sadaffaa

# Nabiyyiin kee Eenyu ?

## Nabiyyiin kiyya Muhammadi nagayaaf rahmanni Rabbii irratti haa jiraatu

Nabiyyiin keenna inni: Muhammad ilma Abdullaah ilma Abdulmuxxalib ilma Haashim, zariin isaa gara nabiyyii Rabbii Ismaa'il ilma nabiyyii Rabbii Ibraahiim nagahaaf rahmanni caalaan isaan lameenii fii nabiyyii keennarratti haa bu'u.

Yeroo umriin isaanii waggaa afurtamaa Rabbiin makkaa kabajamte keessatti ergamaa isaan taasise, qur'aana irratti buuse, gara Rabbi tokkoomsuufi amantaa islaamaatti nama waaman, gosti isaanii miidhaa cimaa irraan geette, waa'illan isaanii tuman, hedduu kessaa ajjeesan, amata kudha sadi booda gara magaalaa Yasribaatti baqate(booda maqaan isii magaalaa Nabii taate), achitti biyya islaamaa gad dhaabe, hawaasa islaamaa bu'ureesse, amata kudhan ummata hoogganaa, waamaa, qajeelchaa, barsiisaa turan, hamma



Rabbiin shari'aa ykn diin islaamaa guuteeti akkasuma irra turan, akkasanitti islaamummaafi amantaan guutame, jechi Rabbii guddaa kun ni bu'e: {Amantaa keessan har'a isinii guute, ni'imaa tiyyaanis isin qananiise, amantaa islaamaa isiniif jaaladhe.} (Al-maa'ida:3) Eegasii gara aakhiraa deeman nagahaaf rahmanni irratti haa jiratuu sunis eega namni diinii islaamaa kana fudhatee jaalalaafii fedhiin seenuu arganii ijji isaanii itti gammaddee booda dha, akkuma Rabbiin guddate jedhetti: {Yoo tumsi Rabbiitiifi banamiinsi Makkaa dhufe,} (1) (Yoo namni gareedhaan gara diinii Rabbii seenu argite) (2) (Rabbii kee galataafi araarama gaafachuun qulqulleessi inni bar akkaan namaa dhiisaa dha) (3) (Al-nasri:1-3)

## Nabiyyii Rahmataa

Nabiyyiin keenna muhammad nagahaaf Rahmanni irratti haa jiraatuu Inni nabiyyii rahmataati, Rahmatummaan jiruu isaanii keessatti sadarkaafi haala keessa darban hunda keessatti takkaa addaan hin baanee, akkas jedhe Rabbiin oltahe: {waa si hin ergine rahmata Aalamaatiif malee} (Al-Anbiyaa'a: 107) Rahmata isaanii irraa nagahaaf rahmanni irratti haa jiraatuu nama hunda qajeelchuuf, dukkanoota kufriifi wallaalaa keessaa gara ifaa Iimaanaa, beekumsaafi qajeelumaatti baasuuf akkaan hamilaa turan, yeeroo ummanni isaanii itti amanuu didan akkaan dhiphachaa turan, hamma gadda kanaan of balleessuu ykn miidhuu gahanitti, Rabbiin akkas jedha: {Yaa Muhammad; waan



isaan qur'aana kanatti amananii itti hin dalaginiif gadditee of miidhuuf deemta} (Al-kahfi: 6) Akkasuma rahmatummaan isaanii mu'uminoota kunuunsuufi mararfatuu isaanii keessatti ifatti mul'atti, akkas jedha rabbiin oltahe: {Ergamaan isin irraa ta'e, kan rakkachuun keessan isatti ulfaatu hedduu isiniif dhimmu mu'uminootaaf ammoo akkaan mararfataafi Rahmata godhaa kan tahe isinitti dhufee jira} (At-tawbah: 128) Diin kana namarratti akka hin ullfaanne laafiissufi ummani waan hujirra oolchuu hin dandeenne irratti baachisuu dhabuu keessatti yoo dhimmaman akkas jedhan " laaffisaa hin jabeessinaa, gammachiisaa hin naasisinaa" Bukhaariif Muslimitu odeesse.

Ergamaan arjaan lubbuun isaanii rahmataan guutamte, dubartiifi ijoollee akkaan mararfatan, waa'ila isaanii irraa tokko Anas ilma Maalik Rabbi irraa haa jaallatu akkas jedhe "ani hin argine ergamaa Rabbii (nagahaaf rahmanni irraatti haa jiraatu) caalaa nama maatiif akkaan mararfatu hin garre" Muslimitu odeesse.

Rahmanni isaanii ilma namaa biratti hin dhaabbanne; Beelladootas geettee jirti, tola itti ooluutti waaman, akka hin miines akeekkachiisan, dubartiin sagaagalummaan jiraattu takka saree dheebote waan obaafteef Rabbiin isiidhaa dhiisee jannata akka isii seensise, dubartiin biraa ammoo adurree hiitee hamma isiin beelaan duututti dhiiftee ibidda akka isii seensise waa'illan isaaniitiif ibsan.

## Ergamni Isaanii nama hundaafi:

Nabiyyotaaf ergamtooni asiin duraa (nagahaaf rahmanni isaanirratti haa jiraatu) gosuma isaanii qofatti ergamuu turan, Nabiin keenna Muhammad (nagahaaf rahmanni isaanirratti haa jiraatuu) ergamni isaanii guutuu namaatiifii Zamanniifii Bakkeen kan hin daangessinee dha.

Rabbiin ol tahe akkas jedhe: {Waa sin ergine nama hundatti malee haala gammachiisaafi akeekkachiisaa taateen} [saba'a :28] Rabbiin oltahe jedhe: {Awaajii jedhiin; yaa ilmaan namaa ani ergamaa Rabbii kan isin hundatti ergameedha} [al-a'araaf: 158] Nabiyyiin (nagahaaf rahmanni isaanirratti haa tahuu) akkas jedhan: "nabiyyin duraan ummata ofii qofatti ergama, ani ammoo nama cufatti ergame". bukhaariitu odeesse. Guyyaa nabiyyiin ergamanirraa kaasee yeeroo ammaatiifi haga guyyaa qiyaamaatti isaan hordofuun waan dhufaniin dhugoomsuun, diinii isaaniitti seenuun dirqama nama hundaati, ergaa Samii dhuftu Rabbiin isaaniin xumure, isaanii owwaatuu dirqama godhe, namni awwaate waa milkaahe duuniyaatti, guyyaa booddee sanis jannata seene, kan isaan dide ammoo waa hoongahe duuniyaatti, abidda seene aakhiraatti, Rabbiin guddaan akkas jedha: {Namni qajeeluma kiyya jala deeme hin jallatuu hin hoongahu) (123) Namni yaadannoo (Qur'aana) kiyya irraa garagale dhugumatti isaaf jireenya dhiphoo ta'etu jira; Guyyaa Qiyaamaas jaamaa gooneeti isa kaafna} [xaahaa:123-124]





## Ergamaa Rabbii nagahaaf rahmanni irratti haa jiraatu mana isaanii keessatti warra isaanii waliin:

Manni namaa bakka amalli gaariin, guutamuun adabaa, qunnamtiin hawaasummaa bareedduun itti ibsamu, namni wayta haadha manaa, yookaa ijoollee ofii yookaa tajaajiltuu ofii wajji tahu fakkeessaaf otuu hin ta’in amaluma uumaa argisiisa.

Haala ergamaa ummata Islaamaa, hoogganaa fi barsiisaa isaanii (nagahaaf rahmanni irratti haa jiraatu) haala isaanii mana keessatti namni xiinxale fakkii gaarii namni kabajamaan mana isaa keessatti warraafi ijoollee ofii wajjiin qabaachuu qabu fakkii bareedaa akka dhiheessan arga.

Aa’ishaa warra Rasuulaatiin (Rabbiin irraa haa jaalatu) akkas jedhameen: mana keessatti Nabiyyiin (nagahaaf rahmanni irratti haa bu’u) maal gochuu turan? jette: “Hojii warri isaa hojjatu qarqaara, (maatii tajaajila jechuudha) - yeroo salaanni geette gara salaataa deema” Muslimitu odeesse. Nabiyyiin (nagahaaf rahmanni irratti haa jiraatuu) maatiifi niitota isaaniitiif caalaa namaa turan, fakkii jireenna hawaasummaa gaarii, gara laaffii, fedhii lubbuu warra manaa isaanii beekuudhaan fakkii gaarii dhiheessan, taateewwan addaatti fayyadamuu dhaan maatii gammachiisu, Aa’ishaan Rabbi irraa haa jaallatu akkas jetti: “Guyyaa tokko Habashaan otuu Masjida keessatti taphatan ergamaa Rabbii ( nagahaaf rahmanni irratti haa jiraatu) balbala mana kiyyaa biratti arge,

ergamaan Rabbii (nagahaaf rahmanni irratti haa jiraatu) uffata isaaniitiin na dhoksaa tapha habashootaa laale" Bukhaariif ii muslimitu odeesse.

Ergamaan Rabbi (nagahaf rahmanni Rabbii irra haa jiraatu) dubara isaanii akkaan jaalatan, ni kabajan turan, yeroo intalti isaanii Faximaan itti seentu ka'anii dhungatanii bakka ofii taa'an teessisan, dubroota isaanii manatti itti dhaqu, haala isaanii tohatu turan.

Dhaamsa isaan (nagahaaf rahmanni Rabbii irratti haa bu'u) ummata ofiitiif dhaaman keessaa jecha kana: "Dubartiitti tola oolaa" Bukhaariifi muslimitu odeesse.





## Amala Nabi Muhammad (nagayaaf rahmanni Rabbii irratti haa bu'u) keessaa:

Nabiyyiin (SAW) amalaan, adabaan caalaa namaa turan, Rabbiin oltahe akkas jedhee isaan faarse: {Dhugumatti ati amala (naamusa) guddaa irra jirta} [Al-qalam:4] Guutama amalaatiin bakka namni biraa hin gahin gahanii jiru, rabbiin waan ir'uu hunda irraa isaan tiiksee jira, waan guutuu tahe hundaan guutaman, amalli isaanii Qur'aana ture, amala Qur'aanaatiin faayaman isaan namas hoogganan, amaloota isaanii (SAW) keessaa:

- Isaan hunda caalmaan garaa bal'ataa, walqixxeessaa, waan namaa kan kajeelle, arjummaan kabajamummaan.
- Nama akkaan qaanfataa turan.
- Nama gadi of qabu kan boona hin qabne eennulleef kan awwaatu turan, otuu xiqqaatellee kennaa kan fudhatan, kan harka deebisan turan.
- Dhibamaa gaafataa, nama du'e geegessaa, hiyyeeyyota wajjin taa'aa, rakkattoota wajjin nyaataa, nama ulfaataa fi naamusa qaban kabajaa, warra sadarkaa qaban ofitti maxxansaa turan.
- Namni tokko itti dhufee haajaa isaatiif wajji ka'u malee hin hafu, amala nama dhiibuu, nama gogaa hin turre, hamtuudhaan hamtuu deebisuu hin turre, inumaahu nama namaa dhiisuufi irra dabru turan, garuu yoo daangaan Rabbii cabe yeroo san isaaf jecha dallanu ofiif otuu hin taane.
- Aamala isaanii irraa nama itti dhufe nagahaa gaafachuun eegalan, yoo waahillan isaanii irraa tokkotti dhufan harka fuudhuun eegalan.





- Nama isaan bira taa'e fuulaan itti garagalu, gurraafi haasawa, gorsa lallaaftuufi qajeelfama kennuufi tura.

- Nama akkaan gara laafaa, caalaa namaa, nama caalmayaan nama fayyadu turan.

- Ni taphatu haqa malee hin dubbatan, hedduu seeqatan, ni kolfan osoo qishqish hin jenne, warra manaa isaanii wajjin fiigicha dorgomu ni tapsiisu.

- Waan dhihaateef nyaatu, waan argatan hin deebisan, nyaata tokkollee hin eeyibessan, temiras ta'u ni nyaatu,foonis argatu ni nyaatu, qixxaa qamadii ykn garbuu argannaan ni nyaatu, waan mi'ooftuu ykn dammas argatu ni nyaatu, yoo aannan qofa qixxaa males isumatti geeffatu, habhab ykn temira kichuus argannaan ni nyaatu.

- Waanuma argatan uffataa turan, marroo takka fooxaa , marroo biraa ammoo kaabbaa suufaa, waan halaala ta'ee argame ni uffatu.

- Waanuma isaanii laaffatu yaabbatu, altakka farda, altakka gaala, altaka gaangee, altakka harree, takkii ammoo miilaan deemu.

- Yeeroon takka irra hi dabartu Rabbii oltaheef waa dalagan malee, ykn waan nafsee isaanii fi maatii isaanii sirreesuuf barbaachisu hojjatu.

waan kana malee jirus amaloota caaloofi jiruu bareedduu, nagahaaf rahmanni isaanirra haa jiraatu.



# Xumurri



islaamummaan amantaa guddaadha, muslima dhuunfaatiif ni dhugoomsa- isa qajeelfama isaatti bulu- boqannaa, jiruu bareedduu, duniyarratti haallii isaa sirraahuu, qananiifi gammachuu dhuma hin qabne aakhiratti, akkasuma hawwaasa muslimaa kan qajeelfama isaatti buluuf guddinna, ofduratti deemuu, misooma, tokkummaa hawaasummaafi nagaha fida.

Baga Gammadde yaa kan islaamummaatti qajeeltee qananii guddoo tana argatte, aqiidaafi seera isaa, qajeelfamaafi murtii isaa, amalootaafi naamusoota isaa kan barate, nabsee irratti dirqama godhee, hamma dandeettii isaatiin guutuu isaa guutuu keessatti ittiin kan bule,inni akkasii mallattoo Islaamummaa ofirratti arguuf deema, akkamitti nama tolaa isa gootee nama ofiifis milkaahee kan isa maddii jirus milkeessu, kan akka abbaaf haadha isaa, warra manaaf ijoollee, firoottan ollaafi waahillan, namni kamuu kan nama rabbiin islaamummaa kenneefii isa kabaje wajjin qunnamtii qabu, karaa isatti geessu keessa kan deemu.

kitaabni kun ahkaama diinii keetii barachuuf isa jalqabaati, kana booda ammoo beekumsa faayidaa qabu, dalagaa gaarii, nabsee qulqulleessu, qalbii sirreessuuf dabalataan carraaqqii guddaatu sirraa eegama. akkuma beekumsi islaamaa keefi waan barattetti dalagdeen Rabbii ol'aanaa tahetti dhiheenni kee dabalaa deema, qur'aana kabajamaa barachuutti, qaraatiitti, aayaata isaa xiinxaluutti xiyyeeffadhu. seenaa ergamaa Rabbii (SAW) sunnaa ykn karaa isaanii qoradhu. jiruu tee keessatti fakkii kee waan tahaniif jecha, isa tokkicha kan Rabbiin waan inni dhufeen hunda akka irraa qeebaltu si ajaje, kan nama biraa ammoo sadarkaa fedhe qabaatu jechi isaa yoo qur'aanaaf sunnaa simate ni fudhatama, kan hin simanne taanaan ni deebifama,diin keessatti mormii irraa fagaadhu, na argaa, wal dhabdee, obboleewwan kee muslimootaa wajjin walloluu irraa of eegi baqadhu.

Ofiifi siifillee Rabbiin kadhanna milkiifi tasgabbii diinii kanarratti akka nuuf kennu hamma guyyaa isa qunnamnuutti haala nurraa jaalataa taheen, galanni Rabbii aalamaatiif haa tahu, nagahaafi rahmanni nabiyyi keenna muhammadiifi aalii fi waahillan isaanii hundarratti haa jiraatu. hamma guyyaa qiyaamaatti warra isaan hordofe irrattis.

OsoulCenter
www.osoulcenter.com

Chat in your language

Afaan hedduun islaamummaa irraa mariisisi

OSOUL STORE

Afaan hedduun Kitaabichaa fi kitaabolee biroo buusuuf

GUIDE TO ISLAM

islaamummaa irraa odeeffannoo dabalataaf

**Namni islaamummaa fudhatuu fi isa qabatu,** inni dhugumatti karaa ifaa fi qajeelumaa irra deema, karaa sirrii ifa galaa kan gara Rabbii ilma namaa uumee fi jireenya biyya lafaaa kana keessatti isa argamsiiseetti geessu.

**Amantaan Islaamaa haala ilma namaa duniya irratti tolchuu,** milkeessuu fi tasgabbeessuu, akkuma san erga du'eellee milkeessuu fi nagaha baasuu, sunis wayta Rabbiin guddaan jannata isa naqee qananii dhuma hin qabne qanani'u sani.

**Diinii haqaa kan ta'e diinal Islaam barbaaduun, baruun,** itti amanee seenuun, qajeelfamaa fi murtii isaatti buluun dirqama nama cufaati, akka toltuu duniyaa fii guyyaa booddee argatuuf jecha.


ISO 9001

osoulcenter

www.osoulcenter.com

Afaan hedduun Kitaabichaa fi kitaabolee biroo buusuuf

OSOUL STORE

osoulstore.com